Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Dhalchuu Waldaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Gaafa Yasus du'e duuka buutoti isaa sodaachuun of dhokisan. Yasus du'a mo'ee ka'ee ofii erga isaa isaanitti agarsisee booda Yasus jiraataa ta'e! – Garuu Yasus isaan dhiisee deemuuf karoorse, gara mootummaa Waaqaa bakka yeroo hundumaa Waaqayyo abbaa waliin jiraatu.

Utuu isaan dhiisee hindeemin dura, hafuura Waaqayyoo isaan gargaaru akka erguuf duuka buutota isaaf waadaa gale. (Yohaannis 15:26)

3

Yeroonsaa dhiyoodha! Erga Yasus ol ba'ee booda guyyota muraasa keessatti, qulqulluun hafuura Waaqayyoo dhufe.

4

Taatee sunis haala kanaan ta'e. Duuka buutoti Yasus 120 walfaana manicha keessatti kadhachuu eegala. Akka tasaa, manichi huursaan sagalee bubbee cimaan guutame.

5

Waanti akka arraba ibiddaa kun tokkoon tokkoon isaanii irra bu'e. Yammus hunfumti isaanii hafuura qulqulluun guutaman- akkuma Yasus waadaa isaaniif galetti raawwate.



6

Namootin daandii irra deeman, afaan duuka buutoti Yasus dubbatan takka dhaga'anii hin beekan. Daawwattooti Yarusaalem sagalee duuka buutoti Yasus dubbatan dhaga'an waa'ee gaarmma hojii Waaqyyoo afaan baayyeen dubbatu jechuun daawwattooti dinqisiifatan.



7

"Maal jechuudhaa jedhanii gaafatan. Warri kaan ammo wayinii dhuganii machaa'an jechuun itti ga'isan.



8

Garuu Pheexiroos akkas jedhe, "Jarreen kun kan machaa'an miti …… inni asitti ta'e kun waan afaan raajichaa Yo'eeliin dubbatameedha ……" Jechuun waggoota baayyee dura akka dubbatame isaan yaadachiise, namoota eebbisuu fi gargaaruuf hafuurri qulqulluun gara namootaa akka dhufu waadaa Waaqayyo galeedha.

9

Cubbuu irraa deebi'uun maqaa Yasus Kirstoosiin akka cuuphaman Pheexiroos namootatti hime. "… hafuura qulqulluu hin argattu," jedhe Pheexiroos. Namootin gara 3000 ta'an yaada Pheexiroosf abboomaman. Duuka buutota Yasus faana bu'uun waaqessistoota Yasus ta'an. Yeroo dheeraa keessa namootin waaqessan dabalaa deemuun guyyaa hafuurri qulqulluun bu'e irraa eegalee Waladaan Waaqayyo hundeeffame.



10

Hafuurri qulqulluun humna isaa gara jireenya namoota Waaqayyoo fide. Guyyaa tokko, Pheexiroos fi Yohaannis waliin ta'uun yeroo kadhannaatti gara mana qulqullummaa deeman. Namichi naafi tokko mana qulqullummaa ala taa'ee kadhatu argan. Namichi kun Pheexiroos fi Yohaannisiin qarshii kadhate.

11

"Ani warqee fi meetii hin qabu, garuu waanan qabun siif laadha: maqaa nama Naazireeti Yasus Kirstoosiin ka'ii deemi jedheen Pheexiroos." Harka isaa mirgaan ol isa kaase. Namichi naafa tures in utaale, ol ka'ee in deeme isaan waliin gara mana qulqullummaa seene - in deeme, in utaale, Waaqayyoo jeje.

12

Dinqii isaan hojjetan warra dinqisiifataniin daandiin in dhiphate. Namicha naafa fayyisuun humna isaa utuu hin taanee humna Waaqayyoon akka ta'e Pheexiroos itti hime.



13

Waaqa Israa'el isa Yasusiin du'a mosisee kaase akka ta'es yeroo yaadachiisu geggeessitooti mana qulqullummaa Pheexiroosii fi Yohaannisitti aaruun qabanii hidhan. Haata'u garuu namootin 5000 Yasusitti amanan.



14

Gyyaa itti aanu, geggeessitoota mana qulqullummaa duratti dhiyaatan. "Humna akkamiin ykn maqaa eenyuun gochaa akka kanaa raawwachuu dandeessan?" jechuun Pheexiroosii fi Yohaannisiin gaafatan.



15

Sodaa tokko malee hafuura qulqulluun guutamnee raawwanne jechuun Pheexiroos deebiseef. "..... Maqaa nama naazireeti Yasus Kirstoosiin, isa fannifame, isa Waaqayyo warra du'an keessa kaase, isaan namichi naafa ture kun ka'ee fuuldura hunda keenyaa dhaabbate.



16



Pheexiroos sodaa tokko malee itti fufe, "..... maqaa isa nuyi ittiin fayyineen alatti maqaan nama fayyisu biraan waaqaa gadi hin jiru."

17

Yasusiin amanuuf yeroo isaanii namootin gubuu hin qaban, geggessitootin mana qulqullummaa baayyee Pheexiroosii fi Yohaannisitti aaran. "Ammaan booda Maqaa Yasusiin namatti dubbachuu qabdu."

18

Yasusiif dhaabbachuu Pheexiroos al tokko sodaate ture. Inni utuu hafuurri qulqulluun hin bu'in dura. Amma namin kamiyyuu isa sodaachuu eegalan.

19

Pheexiroosii fi Yohaannis deebisanii, kan Waaqayyoo dhaga'uu irra kan keessan dhaga'uun Waaqayyo duratti qajeelaa yoo ta'e, isinumtuu faradaa jedhaniin. Nuti garuu ofii keenyaa kan argine fi kan dhageenye himuu dhiisuu hin dandeenyu," jedhan.

20

Sodaachisa gudaa booda, geggessitoti mana qulqullummaa Pheexiroosii fi Yohaannisiin gadhiisan. Garbichi Waaqayyo gootichi duula hidhaa fi murtee isaanitti irratti itti hime.

21

Namootin hundinuu dinqii isa ta'ee fi Waaqayyoof hooqubaa dhiyeessan. Ammas irra deebi'ee hafuurri qulqulluun Waaqayyoo saba isaa guute-waldaan xiqqoo turte guddinaa gara guddinaatti ceete.



22

Dhalchuu Waldaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Hojii ergamootaa 1-4

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

23

Xumurameera

55 60

24

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

25